ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير أورومو

Graandhala 15, 2021 Lakk: 001/2021

Adda Bilisummaa Oromoo (ABO)-[akka ABO-'QC' kan beekamu]/Or Miseensota ABO-'QC' Turan

Waamicha Lubuu Qabsaawota Oromo Lagannaa Nyaachaa irra jiran Baraarun QBO Dandamachiisuu

Soochiin bilisummaa Oromoo bu'aa ba'ii meeqaa booda wareegammi guddaan itti baafamee sadarkaa hardha irra jiru gahee jira. Dhiibbaa sabni Oromoo godheen, OPDO, Abiy Ahmadiin hogganamu aangoott fiduu dandahanii jiru. Abiy Ahmad Gaaffii Oromoof xiyyeeffannoo kennuun hafee safuu fi safeeffannaa Oromoo cabse. Hogganoota siyaasa Oromoo fi qabsawoota Oromoo fi oladeemoo, bor biyyaa hogganuu danda'u jedhu doorsisuu, hidhuu fi ajjeesuun akkuma isaan duraatt itt fufe.

Ajjeechaan Haacaaluu, jibbaa fi tuffii Oromoof qaban saxilee. Sana sababfachuun dhaabota Oromoo laashessuuf hogganoota dhimma baasan hunda hidhe. Kana hunda yoo tolchu mala adda addaan qabsaawota Oromoo addaan baasee waan jiruf mormii gahaan irratt ka'uu hin dandeenye. Oromoo Oromoon ajeesisaa jira.

Hooganoonni fi qabsawoonni Oromoo kan mana hidhaa jiran, tuffii fi salphina ummata saanii irra gahaa jiru akkasuma roorroo mana hidhaatt isaanii fi maatii saani mudatu teenyee ilaaluu manna du'a wayya jedhanii sun akka dhaabbatu gaaffota dhiheessani hanga deebii argatanitt agabu jirachuu murteeffatan. Ergasii kudharfan darbanii jiru. Mootummichi gaaffii saanii garagaleeyyuu hin laallee. Akka dhagahamuutti yeroo amma lubuun isaani haala heeddu yaachisa ta'e irra jira. Jawaar Mahamad lubbuu saa irratt agaamsi diinaa akka jiru utuu beeku ummata saa abdatee akka alaa gale yeroo baayyee himataa ture. Yeroo ummati siif jirra jedhu silaa amma. Namooti hidhaman hundi kan mootummichi du'a saanii jaallatu. Kanaaf, akka hidaamtoota siyaasaa towanna isaa jala jiraniitti gaaffii isaan kaasanif deebii keennee lubu issaan baraaruun itt gaafatama saa ta'uu beekaa irraanfataa jira. Caalaattuu, haala kana akka carraatti dhimma itti bahuun lubuun issaani akka darbuu irratt hojjetaa akka jiru ragaan jiru. Kanaaf, lubuun qabsawota Oromoo kanaa gutummaatti harka Oromo jira. Kanatt amanuun miseensoti ABO Qaama Cehumsaa turree gochaa mootummaan Itoophiyaa Oromoo irraan gaha jiru cimsanii baalaaleffachuun waamicha kanaa gadi jiru godhu:

1. **Ummata Oromoo biyya keessa jiruu fi biyya alaa jiru hundaaf, Abbootii Gadaa, Abbootii Amanta fi Maanguddoota Oromoo hundaaf, jaarmiyaalee Siyaasaa Oromoo hundaaf, Qeerroo**

if Qarree Oromoof, fi miseensota isaani hundaf, haayyootaa fi beekkotota siyaasaa Oromoo hundaaf:
Osoo laalcha siyaasattin, gandummaan, amanteen wali hin qoodin, akka saba seenaa boonsaa qabu tokkootti, harka wal qabatuun wal cinaa dhaabatnii hamma gaaffin qabsawoota Oromoo mana hidhaa keessatti lagaannaa nyaachaa godhan deebii argatutti mormii saanii karaa naga qabeessa adda addaa akka hiriirra nagaa walirra hin cinnee faa hatattaman gaggeesuun mootummaa kana irratti dhiibaa gochuun lubuu issan baraaruun filannoo biraa kan hin qabnee dha. Jawar Mahammadii fi Jaallewwan saa hogganoota Oromoo diinni jireenya saanii hin barbaanne. Tarkaanfii fudhatan kana haala hin taane keessa waan jiraniif nutt himuu hin danda'ani. Hogganoota itt amannu waan ta'aniif gaaffiin saanii gaaffii keenya, murtiin saanii murtii keenya jennee akka deebii argatu qabsaawuutu nurraa eegama.

2. **Saboota, sab-lammootaa fi ummatoota mirga ilmaan namaa kabajuun mirga ofii kabachiisuuf carraqan hundaaf:** mootummaa mirga dhaala namaa dhiituun, tokko oftii qabee tokko ajjeesuu fi ajjeesisisuun; gara funduraatti bifa ta'eenuu walkabjun nagaan waliin jiraachuu saboota, sab-lammootaa fi ummatoota empayera Itoophiyaa keessa jiran giddutti; diinumma humuun umurri haangoo mootummaa ifii dheerafachuu godhu saaxiluun; haala dursaa tokko maalee hidhamatoota siyaasaa Oromoo fi hidhamtoota seexaa seeraa ala hidhaman hunda akka gadhiisuu dhiiba barbaachisu akka irratti gootan waamicha obbulummaa isiniif goona.

3. **Mootummoota addunyaa hundaaf, Tokkummaa Afrikaa fi tokkummaa Auropaaf**: Sirna kamyyuu jalataa namini mana hidhaa tohannaa mootumma jala jiruu bifa kaminu gaga'amni lubu isaa irra yoo gayee itti gaafatmini guutummaati kan mootumichaati. Roorroo mana hidhaa keessatti irra gahu jijjiruuf carraan hidhamaan siyaasaa tokko qabu lagaanna nyachaa waan ta'eef, gaaffi kanaf deebii keenuun dirqama mootummaati. Warri hidhamtootaa laafnaan ogeessa amananitt geessanii waldhaansisuu dide hanga lubbuun baatutt eegaa jiru. Kanaaf mootummaan Itiophia dirqama irraa eegamu kana gutee akka argamuu fi hidhamtoon siyaasaa Oromoo kan seera malee hidhaman hundi haaladuree tokkko malee akka hiikkaman dhiiban diplomaasii akka irraatti godhamu gaafanna.

4. **Waldoota Miraga dhaala namattif dhaabatan hundaf:** Akka mootummaan Itiophia gaaffi mirgaa hidhamtoonni siyaasaa Oromoo kaasanif haatattaman deebi keenun lubuun isaan akka baraaramuu fi amma mana hidhaa jirannitti mirgi isaanii akka eeggamuu fi seeraa alla waan hidhamaniif akka attaman hiikaman dhiibaan barbachisu akka mootummaa Itiophia irraati godhamuu ABOn kabajaan isin gaafata.

Oromiyaan Ni Bilisoomti!
Miseensota ABO